Qajeelfama COVID-19

Tatamsa'iinsa dhibee COVID-19 isteetiitii keenyatti baay'ee dabalaa jiru hir'isuuf akkasumas hospitaallii fi sirni fayyaa keenyaa akka humnaa ol namaan hin guunnee gochuuf, tarkaanfilee baayyee ulfaatoo garuu barbaachisoo ta'an fayyaa hawaasaa eeguuf fudhachaa jirra.

Dhaabbilee daldalaa baayyee irratti dhiibbaa diinagdee akka fidu nii hubanna, bulchaaf fi hojjetoonni karaalee ittiin miidhaalee kanneen hir'isan barbaadaa jiru.

- Wiixata, Sadaasa 16 halkan qixxee irraa kaasee hanga Wiixata, Mudde 14 tti, kaawuntiiwwan hundi Waashingtan keessa jiran daangeffamoota armaan gadiitti daangeffamu.

Kaawuntiiwwan hundaaf fooyyeffamni daangeffamaa hojiirra kan oolu Wiixata, Sadaasa 16 halkan qixxee irraati kan hubachiifamee ala yoo ta'e malee. Yoo gochichi hin tarreeffamne ta'e, qajeelfama hojiirra jiru hordofuu qaba. Manneen barnootaa olaanoo/K-12, dhaabbanni fayyaa, fi kunuunsi ijoollee hundi daangeffamoota haaraa irraa walaba akkasumas qajeelfama hojiirra jiru hordofu. Daangeffamoonni kunneen manneen murtii fi dameewwan mana murtii dhaddachi itti geggeeffamu irratti hojiirra hin oolu.

1. **Walitti Qabamni Hawaasummaa Mana keessaa** namoota miseensa maatiin ala ta'anii wajjin geggeeffamu dhowwamaadha yoo isaan (a) walitti qabama hawaasummaa sana dura guyyoota kudha afuriif (14) addaan baafaman malee yookiin (b) guyyoota torbaaf (7) addaan baafamanii bu'aa qorannoo COVID-19 negatiivii walitti qabama hawaasummaa sana dura sa'atiiwwan 48 kan hin caalle keessatti yoo fudhatan malee. Miseensi maatii namoota mana jireenyaa itti galma'an tokko keessa jiraatanitti hiikama.
2. **Walitti Qabamni Hawaasummaa Alattii** namoota miseensa maatii keessan alaa shan (5) tti daangeffama.
3. **Manneen nyaataa fi Dhugaatii** tajaajila nyaataa mana keessaaf cufaadha. Nyaati alattii fi tajaajilli deemuu heyyamamaadha, yoo nyaati alattii hundi waan Qajeelfamni Nyaataa Alaattii gaafatu guute. Guddinni minjaalaa nyaata alaa olaanaansaa namoota shan (5) itti daangeffama. Daangeffamni manneen nyaataa fi dhugaatii fooyyeeffame kunneen hojiirra kan oolu Roobii sa'a 12:01 a.m. Sadaasa 18, 2020 tti dha.
4. **Giddugaloonni Sochii Qaamaa fi Jiimonni** tajaajiloota mana keessaaf cufamaadha. Sagantaaleen sochiilee qaamaa alaa heeyyamamaadha garuu walitti qabama hawaasummaa alaa armaan olitti tareeffamaniin daangeffama akkasumas hojiirra oola.
5. **Giddu galoonni Taphaa(Bowling)** tajaajila mana keessaaf cufamaadha.
6. **Galmoota Adda addaa:** Hojiileen daldalaa fi walga'iiwwan hojii hundi dhowwamoodha. Leenjii ogummaa fi qorumsa kanneen fageenyarratti hin raawwatamne qofatu, akkasumas dhaddacha mana murtii fi damee mana murtiin walqabatutti dhiyaatutu heeyyamamaadha. Hagi qabannaa tokko tokkoo kutaa walga'ii dhibantaa 25 haga qabannaa mana keessaatti daangeffama yookiin namoota 100, kan isaa gadii kamiyyuu.

- Galmoonni adda addaa kan hammatu: Giddugaloota konveenshinii/konfiransii, bakkoota walga'ii hoteela keessatti qopheeffaman, giddugalaa qophiilee, bakkeelee bashannanaa, dirree ispoortii, dhaabbilee bu'aa hin barbaannee yookiin galma kanneeniin baayyee madaalan.

7. **Tiyaatiroonni Fiilmii** tajaajila mana keessaaf cufamoodha. Tiyaatiroonni fiilmii alaa keessa oofaman heyyamamoodha akkasumas qajeelfama tiyaatiroota fiilmii alaa hordofuu itti fufuu qabu.
8. **Godambaalee/Bakkoota Bineensonni ka'aman(Zoos)/Bakka namtolchee qurxumilee keessatti daawwataman(Aquariums)** tajaajila mana keessaaf cufamanii turu.
9. **Riil Isteetii:** Manneen banamoon dhowwamoodha.
10. **Cidhaa fi Awwaalcha:** Qophiileen bay'ina namoota waliigalaa 30 hin caalletti daangeffamoodha. Simannaan mana keessaa, festivaalli ayyaana waggaa, yookiin walitti qabamni walfakkaataan qophiilee akkasii waliin walqabatu dhowwamaadha.
11. **Gurgurtaan Kuusaa keessaa** haga qabanmaa mana keessaa dhibbantaa 25tti daangeffama, akkasumas bakkeen teessumaa walta'iinsaa/walga'ii fi iddooleen nyaataa mana keessaa kanneen akka galma nyaataa nii cufamu.
12. **Tajaajiloonni Amanti** haga qabannaa mana keessaa dhibantaa 25tti daangeffama, yookiin namoota 200 ol hin ta'u, kan isaa gadii kamiyyuu nii ta'a. Miseensonni waldaa/hirmaattonni yeroo hundayyuu haguugduu fuula godhachuu qabu akkasumas faarfannaan amantootaa dhowwamaadha. Yeroo tajaajila kanatti garee faarfattoota, baandiin, yookiin gareen meeshaa muuziqaa taphachuun hin geggeeffamu. Namoonni qeenxeen sagaleen faarfatan yookiin meeshaa muuziqaa taphatan akka geggeessan nii eeyyamama, akkasumas sagaleen kophaa kan faarfatan nama meeshaa muuziqaa taphatu tokko qofaa wajjin dhiyaatu. Tajaajiloonni alaa Qajeelfama Nyaataa Alaa kan asitti argamu hordofuu qabu, kan caasichatti yookiin dhaabbatichatti hojiirra oolu.
13. **Tajaajiloonni Ogummaa** hojjettoonni yeroo danda'amu manarraa akka hojjetanii fi yoo danda'amu biiroo hawaasa jalaa akka cufan akka ajajan irraa eegama. Biiroon banaa turuu qabu kamiyyuu haga qabannaa mana keessaa dhibbeentaa 25tti daangessuu qaba.
14. **Tajaajiloonni Dhuunfaa** haga qabannaa mana keessaa dhibbeentaa 25tti daangeffama.
    - Tajaajila dhuunfaa kan kennan: kosmotologists, qorannoo kosmotology, warra gosa sirreeffama rifeensa mataa bocan, warra rifeensa mataa sirreessan, ogeessota bareedinaa, ogeessota bareedinaa olaanoo, manicurists, hojjetoota saalonii qeensaa, electrologists, artitistoota meekaappi dhaabbataa, saalonii gogaa, fi artistoota taattuu.
15. **Dhaabbilee Kunuunsa Yeroo Dheeraa:** Daawwannaan alaa heeyyamamaadha. Daawwannaan mana keessaa dhowwamaadha, garuu nama dhuunfaa kan nama gargaasa murteessaa yookiin kunuunsa dhuma jireenyaa qofaaf heeyyamamaadha. Daangeffamoonni kunneen dabalataan Proclamation 20-74, et seq. dhaabbilee keessatti hojiirra nii oola. Hojiirra oolmaan Proclamations 20-66, et seq. fi 20-74, et.seq. kan

biroon hundi, ulaagaa dursaa hunda kan daawwattoota kamuu eeyyamu dabalatee, akkuma hojiirra turetti itti fufa.

16. **Sochiilee Ispoortii Dargaggoo fi Ga'eessaa:** Sochiilee mana keessaa fi dorgommiinii fi taphoonni hundi dhowwamoodha. Sochiileen alaa shaakala garee keessaa qofaatti daangeffama, haguuggiiwwan fuulaa leenjistoota hundaaf, tola-ooltotaafi atileetotaaf yeroo hundatti nii barbaachisa.